DX 210081

Oromo | Afaan Oromoo

**OFFICIAL**

<Title> <Given Name> <Family Name>
<Address 1>
<Address 2>
<SUBURB STATE POSTCODE>

Barreeffama hiikame barbaadduu?

**Koodii QR scan godhaa**

ykn daawwadhaa **homes.vic.gov.au/high-rise-victoria-renter-updates**

Kabajamoo <Title> <Surname>

Miseensotni hawaasa kireeffattoota Flemington fi North Melbourne waltajjiiwwan dhiheenya kana irratti hirmaachuu dandeessan, akkasumas namootni dhibbootaan lakkaa'amtan kanneen karaa hedduun nu waliin dubbattanii fi yaada kennitan galatoomaa. Torban muraasa darban keessa gaaffiiwwan keessan caqasuu fi isin waliin haasa'uun faayida qabeessa ta'ee argameera.

Akkasumas kireeffattoonni garee Jijjiirraa keenya waliin beellama qabachuu keessaniif galatoomaa.
Irra caalaan keessan amma garee keenya waliin wal arguun fedhii fi filannoo keessan waliif qooduu eegaltaniittu. Akkuma waadaan galame, adeemsa jijjiirraa kanaan waa'ee mirgaa fi filannoo keessanii odeeffannoo isiniif dhiyeessuuf barreessaan jira.

## Kireeffattootaaf kabaja, kunuunsaa fi deeggarsa

Kutannoo kireeffattoota hundaaf qabnu ifa gochuun barbaada - gareen keenya yeroo hunda kabajaa fi kunuunsaan isin ilaala. Kaayyoon keenya ofii keessanii fi maatii keessaniif murtoo gaarii ta'e akka dabarsitan odeeffannoo isiniif kennuudha.

## Kireeffattootaaf manneen fooyyee

Galmi keenya kireeffattoota keenyaaf manneen hunda caalaa gaarii ta'an dhiyeessuudha.
Apaartaamotni keenya amma dhedheeroo ta'an umurii hojii isaanii xumuramuutti dhiyaachaa jiru. Dizaayinii fi umurii mana jireenyaa irratti rakkoon akka jiru ni beekna. Kana jechuun suphaawwan nama hunda irraa eeggaman wal simsiisuun rakkisaadha. Kireeffattoonni mana mijataa fi bakka bahiinsa alaa dhuunfaa fi mana fincaanii ammayyaa akka qabaatan barbaanna. Manneen dabalataa maatii, akkasumas namoota dullooman tajaajilan nu barbaachisa.

## Barbaachisummaa hawaasaa cimaa ijaaruu

Hawaasa cimaa akka ijaartaniif isin gargaaruu barbaanna. Filannoowwan mana jireenyaa Abbotsford St fi Victoria St irraa dhiheenyatti argaman kan kenninuufis kanaafi.

## Daawwannaa mana haaraa Victoria St fi Abbotsford St

Namoota fedhii qabaniif, gosaa fi qulqullina manneenii yeroo dhiyootti xumuraman ofuma isaaniitii akka argan, manneen haaraa kanniin akka daawwatan carraa ni kennina.
Waa'ee manneen haaraa kanaa caalaatti baruu yoo barbaaddan, garee deeggarsa jijjiirraa haasofsiisaa.

50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001

## Garee jijjiirraa wajjin yeroon wal argu, maaltu ta’a?

Beellamni Garee Jijjiirraa waaliin taasiftan daqiiqaa 30 hanga sa’aatii tokkoo fudhachuu danda’a. Beellama keessan irratti:

- Beellama irratti hiriyyaa ykn nama isin deeggaru wajjiin dhufuu ni dandeessu.
- Yeroo beellama qabattan gareen keenya tajaajila turjumaanaa isiniif ni kenna.
- Gareen keenya waa'ee fedhii mana jireenyaa keessanii ni gaafata. Kunis kan dabalatu malu:
  - → nama meeqatu mana keessan keessa jiraata.
  - → fedhii dhaqqabummaa isinii fi maatii keessaniif.
  - → tajaajila fayyaa, mana barumsaa ykn deggersaa gosa akkamii fayyadamuu akka dandeessan.
  - → Akkasumas walitti dhufeenya aadaa naannoo keessanii kan jiraattonni biyyaa Muutummaa Duraanii (First Nations) qabaachuu danda’an waliin walitti dhufeenya kamiyyuu dabalatee.
- Gareen keenya isin beekuuf saffisa isiniif mujatuun deema.
- Gareen keenya fedhii mana barumsaa daa’immanii ilaaluu dabalatee, jeequmsa jireenya keessan irratti uumamu kamiyyuu xiqqeessuuf: waa’ee jijjiirraa yeroo irratti isin waliin ni mari’ata.
- Fedhiiwwan biroo kamiiyyuu yoo qabaattan, gaafadhaa.

Gareen keenya fedhiiwwan keessan: unkaa isaan mallatteessaniin galmeessee; akka mallatteessitan isin gaafata.

Mallattoon keessan fedhii keessan hubachuu keenyaa fi odeeffannoo keessan sirritti galmeessuu keenya mirkaneessa. Waa’ee unkaa kana ilaalchisee gaaffiiwwan tokko tokko ni dhiyaatu, kunis waliigaltee kiraa ykn koontiraataa akka **hin** taanee fi mirga keessan kan hin jijjiirre ta’uu isiniif mirkaneessuu barbaanna. Unkaan kun bakka keessan bu’uun iyyata jijjiirraa mana jireenyaa keessa salphaatti akka dhiheessinu ka nu dandeessisuudha. Kun iyyannoo keessan yoo ta'u, fedhiin ykn filannoo keessan akkuma jijjiirameen yeroo feetanitti akka jijjiiramu gaafachuu dandeessu.

## Gara mana jireenyaa haaraa appaartamaa irratti argamutti deebi’uuf mirga nan qabaa?

Eeyyee - Akka kireeffataa bakka biraatti jijjiiramuu qabuutti, mirga deebi'uu ni qabaattu - yoo akkas godhachuu filattan. Filannoo mana jireenyaa fedhii keessan guutu akka isiniif arganiif, garee keenya waliin akka haasoftan isinan jajjabeessa.

## Filannoon mana jireenyaa koo maal ta’a?

Gareen keenya fedhii mana jireenyaa keessan; kanneen akka namoota meeqatu mana keessan keessa akka jira, manneen barnootaa ykn tajaajiloota isin fayyadamtan, akkasumas yoo bakka haaraatti dhiyaachuu ykn gara biraatti ce’uu barbaaddan ilaalcha keessan hubachuuf yeroo baldhaa fayyadama. Odeeffannoon kun gareen keenya filannoowwan mana jireenyaa fedhii keessan guutan akka isiniif argu gargaara.

## Kiraan manaa koo ni jijjiiramaa?

Lakki – yeroo jijjiirraatti, kiraan kiisii keessan keessaa bahu hin jijjiiramu. Yoo gara mana jireenyaa hawaasaatti ce’uu filattan, Gargaarsa Kiraa Qabeenya-waliinii (Commonwealth Rent Assistance) fudhachuu dandeessu. Kunis akka waliigalaatti dhiyeessaa mana jireenyaatiif kaffalama jedhamee eegama. Garuu yeroo tokko tokko baasii kiisii keessan keessaa bahu gadi buusu danda’a.

## Mirga fi kiraa manaa amma qabu kabachiisuu nan danda’aa?

Eyyee. Mirga amma mana amma qabdan ni kabachiifattu, kiraan kiisii keessan keessaa bahus hin jijjiiramu.

## Kireeffattoonni mana jireenyaa hawaasaa keessatti mirgaa fi eegumsa akkamii qabu?

Kireeffattoonni mana jireenyaa hawaasaa mirga kireeffattoota mana mootummaa wajjin walfakkaatu kan qaban yoo ta’u, seera kiraa mana jireenyaa bara 1997 jalatti eegumsa argatu.

## Manoomni hawaasaa (community housing) maali?

Dhiyeessitoonni Mana Jireenyaa Hawaasaa dhaabbilee bu'aadhaaf hin hojjenne kanneen mana jireenyaa hawaasummaa dhiyeessaniidha. Mootummaadhaan kan too'ataman yoo ta'u, ulaagaalee raawwii hojii ciccimoo seera kiraa mana jireenyaa bara 1997 jalatti tumaman kan hordofan ta'uun ibsameera.

## Manneen haaraan kun manooma hawaasaa (community housing) ta'uu?

Bakki jalqaba irra deebiin misoomfamuu qabu Elgin St Carlton keessatti argamudha. Masaraawwan kanneen irratti karoorri jalqabameera. Mana jireenyaa ummataa ta'uun isaaniis mirkanaa'eera.

Masaraawwan Kaaba Melboorn fi Flemington ummataaf ta'uu fi dhiisuu isaanii ykn manneen hawaasaa sadarkaa karoora jalqabaa irra waan jirruuf hanga ammaatti hin murtoofne. Akka qaama irra-deebi'ee misoomsaa (redevelopement) kanaatti: mootummaan manneen hawaasummaa dhibbeentaa 10n dabaluuf waadaa galuu isaa hubachuun barbaachisaadha. Kanaafuu, manni jireenyaa hawaasummaa baay'eedha malee, xiqqaa miti. Bakkeewwan kanneen irratti maaltu akka ijaarramu: yeroo kana beekne isinitti himna.

## Yoon gara mana jireenyaa hawaasaatti jijjiirame, bishaaniif kaffaltii dabalataa kaffaluun qabaa?

Yoo gara Abbottsford St ykn Victoria St deemuu filattan, bishaaniif kaffaltii dabalataa hin kaffaltan.

## Akkamittan hawaasa koo waliin turuu danda'a?

Ergaawwan ciccimoo hanga ammaatti waltajjiiwwanii fi taateewwan biroo irratti darban keessaa inni tokko, hawaasni namoota hedduudhaaf hangam barbaachisaa akka ta'eedha.

Yeroo marii maatii dhuunfaa keessanii garee Jijjiirraa keenya waliin taasiftan: namoota, iddoowwanii fi tajaajiloota isiniif barbaachisoo ta'an ibsachuu ni dandeessu.

Jiraattonni Abbootii Dachee Jalqabaa (First Nation's) walitti dhufeenyi isaan biyyattii waliin qaban akka qaama adeemsa jijjiirraa kanaatti akka ilaalamu ni taasisa.

Gareen Jijjiirraa: mana haaraa Abbotsford Street fi Victoria Street keessatti argamu dabalatee, yoo barbaaddan naannoo keessanitti mana isiniif arguuf: isin faana ni hojjeta.

## Baasiiwwan sochii Homes Victoria dhaan cufamuu (kaffalamuu)?

Eeyyee – baasiin sochii Homes Victoria dhaan kaffalama.

## Filannoo keessa ilaaluun

Filannoo keessan ilaaluuf yeroo muraasa isin barbaachisuu akka danda'u ni hubanna. Hiriyyoota ykn maatii waliin haasa'uu, akkasumas garee keenya waliin irra deebitanii haasa'uu barbaaduu dandeessu.

Haasawa kamiyyuu irratti hiriyyaa ykn nama isin deeggaru kamiiyyuu wajjiin dhufuu kan dandeessan yoo ta'u; haasawa kamiyyuu dura nama afaan hiiku isiniif dhiheessina.

## Dhuunfummaa

Akkuma yeroo hundaa, odeeffannoo keessan yoomiyyuu itti fayyadamnu ykn kan qoodnus yoo ta'e akkaataa Seera Eegumsa Dhuunfaa fi Deetaa 2014 fi Seera Galmee Fayyaa 2001 qofaan

## Gargaaruuf as jirra

Hojjettoonni mana jireenyaa guyyaa guyyaan argitanii fi gareen jijjiirraa isin waliin wal argaa turan; odeeffannoo fi deeggarsa isinii laachuuf as jiru. Yeroo hundumaa kabajaa fi kunuunsaan si ilaalu. Muuxannoo guddaa kan qaban si'a ta'u, filannoowwan keessan akka ilaaltan si gargaaruu danda'u.

Odeeffannoo quunnamtii isiniif kennameen yeroo barbaaddanitti hojjetaa deeggarsa jijjiirraa keessan qunnamuu ni dandeessu. Yoo odeeffannoo quunnamtii kana argachuu hin dandeenye, maaloo waajjira mana jireenyaa naannoo keessanitti argamu qunnamuun, gaaffii qabdan dhiyeessaa.

Gaaffii kamuu yoo qabaattan, akka nu qunnamtan isinan jajjabeessa.

Yaada, hirmaannaa fi obsa nuuf kennitaniif ammas galatoomaa. Kunis yeroo muraasa qofa kan nutti fudhatu yoo ta’u; fedhii keessan guutuu fi hamma dandeenye isin gargaaruuf isin waliin hojjechuuf kutannee jirra. Yeroo fi bakka dandeenyu hundatti isin gargaarra.

Kabajaa wajjin



**Simon Newport**
Hojii Gaggeessaa Olaanaa
Homes Victoria

17 / 11 / 2023

50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001

**OFFICIAL**